Namoonni nama zaalima (miidhaa) yeroo arganii harka isaa lamaan hin qabin/ tarkaanfii irratti yoo hin fudhatin Rabbiin adabbii isaatiin isaan walitti qabuun ni dhihaata

Abuu Bakr Al-siddiiq irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Yaa namoota, isin Aayaa tana ni qaraatu: {Yaa warra Rabbitti amantan lubbuu keessan (qabuun) isin irra haa jiraatu, yoo isin qajeeltan namni jallate isin hin miidhu}. Ani Ergamaa Rabbiitin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhu dhagahe: «Namoonni nama zaalima (miidhaa) yeroo arganii harka isaa lamaan hin qabin/ tarkaanfii irratti yoo hin fudhatin Rabbiin adabbii isaatiin isaan walitti qabuun ni dhihaata».

[sirrii] [abuu daawud, tirmizii, nasa'iin kubraa keessatti- ibnumaajhfii ahmad odeessan]

Abuu Bakr Al-siddiiq Rabbiin irraa haa jaallatu, namoonni aayata tana akka qara’an hime: {Yaa warra Rabbitti amantan lubbuu keessan (qabuun) isin irra haa jiraatu, yoo isin qajeeltan namni jallate isin hin miidhu} Maa'idaa: [105] Namni tokko of tolchuuf qofa carraaquu akka qabu, sana booda warri karaa irraa maqan akka isaan hin miine fi waan gaariitti ajajuu fi badii irraa dhoorguun akka isaan irraa hin barbaachifne hubatu! Akkas akka hin taane fi inni Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhan akka dhaga'e isaan barsiise: Namoonni nama zaalima yoo arganii isa dhoorguu irratti dandeettii osoo qabanii isa zulmii isaa irraa dhoorguu baatanii, Rabbiin nama hundumaa kan badii hojjetee fi kan irraa callise adabbii walitti qabu isaanitti fiduun ni dhihaata.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3470